Dhaamsa Waggaa Haaraa - 2012
Hayyu Duree Adda Bilisummaa Oromoo Irraa

Jaallatamtoota ilmaan Oromoo martinuu,

Dursee baga nagaan bara 2012 geessan jechaa hawwii gaarii maqaa dhaaba keenya ABOn yeroon isiniif dabarsu gammachuun koo guddaa dha.

Barri keessa qaxxaamurre kun akkuma kanaan duraa midhaa, ajjeechaa, hacuuccaa fi saaminsi caalaatti kan ummata Oromoo irratti jabeeffame akka ture waan dhokataa miti. Dinni biyya keenya boojuun qabate ummata Oromoo lafa isaa irraa dirqiin buqqisee cunqursaa hadhawaa irraan geessisee lafa irraa daguugaa jira.

Ummatni Oromoo mii'dhaan yoo itti heddummaate illee fedhii bilisummaa isaatiif qabu waan ifattii mul'isaa jiruuf Wayyaaneen kumaatamaan mana hidhaatti ugguruun dararaa jirti. Walumaa galattii mii'dhaa mootummaan Wayyaanee ummata keenya irraan gahaa jiru sadarkaa mii'dhaa yakka dhala namaa dhaqqabuu isaatiif dhaaboti mirga dhala namaaf falman raggaa bahaa jiru.

Mii'dhaan itti hammaatee biyya irraa kanneen baqatan ilmaan Oromoo biyya ollaa Somalia, Djibouti, Yemen fi Kenya keessatti weereramaa, ajjeefamaa, reebamaa fi qabamanii Wayyaaneetti kennamanii ajjeefamaa jiru. Ummatni keenya biyya ambaa jiru rorroo ummata Oromoo kana adunyaa biratti saaxil baasuu fi gargaarsa namoomaa barbaachisu gumaachuun dirqama ta'un hubatame irratti akka hojjetamu gaafanna.

Haala kana injifatnee ummata Oromoo dhabama irraa dandamachiisuuf lammiiwwan Oromoo fi qabsaawoti bilisummaa garaagarummaa xixiqqaa irra olguddachuun harka walqabatnee akka qaama tokkootti sosso'un dirqama seenaa ti. Kanaaf, carraa kanatti gargaaramuun sabboontonni Oromoo bakka jirtan maraatti tokkuummaa keenyaa jabeeffanne haa kaanun jedha.

Waggoota kurnan darban keessa adda faca'insa ABO keessatti dhalateen gurmuun qabsaawotaa laafatuun rakkoo dirree jiru dha. Gama keenyaan erga rakkoon kun dhalatee jalqabee qabsaawoti kaayyoo bilisummaa jalatti walitti deebi'anii gara qabsootti akka fuula deebifatan tattaaffi wali irraa hin citne gochaa turre. Bara haaraa ittiseenaa jirru kana keessas tattaaffiin ABO deebifnee dhinsuu fi qabsoo bilisummaa finiinsuu akka milkaawu carraaqsa keenya ittifufna. Kanneen Oromoo dhugaa tahanis gama hundaan jiran tattaaffii eebifama kana milkeessuu irratti dirqama isaanii akka bahatan irra deebiin waamicha goonaaf.

P.O.Box 21762, Washington DC, 20009, USA Tel: (202)-521-5653
E-mail: waajjira@oromoliberationfront.info www.oromoliberationfront.info

Adda Bilisummaa Oromoo fi THBO gidduutti waliigalteen mallatteffamee fi sochiin gurmuu bilisummaa Oromoo jajjabeessuu bara 2011 keessa milkaawuun hamilee ummata keenyaa kan ol kaase ture. Bara as deemu kana keessa jalqaba gaarii kana dagaagsuudhaan qabsoon bilisummaa Oromoo sadarkaa olaanaatti akka tarkaanfatu abdi guutuu qabna.

Gama kaaniin dhiheenya kana murni Shanee maqaa ABO jedhamu kana dhaaba daldalaatti galmeeffadheen jira waan ta'eef, anuma qofaaf dhiisaa jedhu. Ammas gara mana seeraa alagaattii deebi'un maallaqaa ilmaan Oromoo qabsoof jecha waliitti kuusan qisaasuuf waan murteeffatan fakkaata. Bara 2007 keessa murni Shanee mana seeraatii nu yakkuun gara lachuutiinuu qabeenya Oromoo kan ta'e doolaara kumaatamaan akkanumaan abukkaattoon faranjii mindaa godhate.

Qabsoof jechaa manaa baanee guyyuu mana seeraa alagaatti walgototaa ooluun fafa waan ta'eef kanneen gara sanattii gaman xiqqoo dhaabbatanii akka murtii isaanii keessa deebi'anii ilaalan kabajaan yaadachiisa. Yeroo ilmaan Habashaa illee Mallasaa mana seeraa addunyaa 'International Criminal Court' (ICC) geessuuf maallaqaa walitti qabataa jiranitti kan maqaa Oromoo himatu qabsaawota Oromoo mana seeraatti geessuun hikkaan isaa maal akka ta'e ummata Oromoof dhiisuun fedha.

Jabina diinaa caalaa fuuldura ummata Oromoo fi walabummaa Oromiyaa mirkaneessuu irratti laaffinni gurmuu qabsawotaa gaadidduu duummeessaawa uwwise jira. Rakkoo lafa jiru daran gadi jabeessuun dhalootaa ammaa qofaa osoo hin taane egeree Oromoo irratti balaa hammaa qabaata. Kanaaf, rakkoon gurmuu qabsawotaa akka aadaa fi safuu keenyaatti akka furamu waggaa haaraan kun araaraa nuuf fidee haa dhufu.

Waggaa dabre keessa deggersi ummatni keenya ABO cina dhaabbatuun gummaache hedduu kan nu jajjabeessu. Amman tanas bara dhufu kana keessa deggeersa dhaaba keessaniif gootan bifa hundaanuu akka ittifuftan abdachaa, gama keenyaan ummata keenya bilisummaa isaatiin gahuuf wareegama barbaachisu kafaluuf of qusannoo tokko malee akka qabsoofnu waadaa keenya irra deebinee isiniif mirkaneessina.

Barri haaraan kan nagaa, kan milkii fi kan injifannoon ummata Oromoo itti galma gahu isiniif akka ta'u hawwii kooti.

Oromiyaan ni bilisoomti!

Dhugaasaa Bakakkoo

Dhugaasaa Bakakkoo
H/D ABO
Amajjii 1, 2012